

STAY SAFE MN



COVID-19 dhaaf Talaalii fudhachuu

7/1/2021

Yeroo ammaatti tatamsa'ina dhibee COVID-19 ittisuuf kan gargaaran talaalliiwwan sadiitu jiru. Talaalliin COVID-19 Pfizer namoota umurii 12 fi isaa oliitiif ta'a. Talaalliiwwan COVID-19 Moderna fi Johnson & Johnson namoota umurii 18 fi isaa oliitiif ta'a. Talaalicha fudhachuu fi dhiisuun murtoo keessanidha.

Talaalii kee fudhachuu dura

Odeeffannoo waliigala

- **Akkamitti hojjatame:** Talaalliiwwan COVID-19 vaayirasiicha COVID-19f sababa ta'u akkamitti akka adda baafatu fi akkamitti ofisaa irra isa ittisu qaamichaaf himuuf teeknolojiiwwan hedduu fayyadama. Talaalliiwwan vaayrasii jiraataa hinqaban. Talaalliiwwan kamiyyuu irraa COVID-19 argachuu hin dandeessan.
- **Doozii:** Talaalliiwwan Pfizer ykn Moderna dhaaf, COVID-19 irraa eegamuuf talaalii kan hanga qorichoota lamaa siif barbaachisa. Doozii qorichoota lamaanu oomisha wal fakkatuu irraa ta'u qabu. Hanga qorichaa tokko kan talaalii Johnson & Johnson qofatu siif barbaachisa. Yeroo talaalii kee fudhatu, yoo isa lammaffaa dhaaf deebitee dhufuu akka qabaattu siif himama.
- **Ragaalee:** Guyyaa talaalii kee isa jalqabaa akka fudhatte kan agarsiisu kaardii argachuu qabadu. Hanga qorichaa lammaffaa dhaaf dhufuu qabda yoo ta'e, guyyaan beellamaa kaardii irratti barreeffamuu ni danda'ama.
 - Doozii qorichaa lammaffaa dhaaf dhufuu yoo barbaade, kaardiicha boorsaa kiisii ykn boorsaa maallaqaa kee keessatti kaawwdhuutii fidi. Yoo bilbila qabaatte, haala tokkon bakka ta'e tokko yoo kaawwattee suura kaardiichaa kaasuu dandeessu.
- **Yeroo:** Dooziin qorichootaa talaalii Pfizer guyyoota 21 (torban sadii) addatti kennama. Hanga qorichootaa talaalii Moderna guyyoota 21 (ji'a tokko) addatti kennama. Talaalliin Johnson & Johnson hanga qorichaa tokko qofa dha.
 - Doozii qorichaa isa lammaffaa fudhachuun baayyee barbaachisaa dha. Yeeroon Doozii qorichoota lamaa gidduu jiru yoo sirri hin taane rakkoo hin qabaatu. Yeroo isa sirri hanga qorichootaa qidduu jiru yoo dogongortan, hanga dandeessan ariitiin hanga qorichaa lammaffaa keessan fudhaachuuf yaalii godhaa.

Talaalii kee fudhachu

Maaltu eeggama

- **Haala COVID-19 irra jirtu:** COVID-19 qabda taanan, yookan COVID-19 qabaachuu ofitti shakkita taanan, dursa utuu talaalii COVID-19 hin fudhatin hanga haala gaarirra geessee yeroo turmaataa kee irraa qulqullooftee baatutti turi.
- **Barnoota:** Talaalii fudhachuu keetiin dura waraqaa waa'ee isaa fudhachuu qabda. Waa'ee talaalii gaaffii qabda taanan, hojjataa kilinikaa kamiyyuu gaafachuu ni dandeessa.

- **Waliigalte:** Kilinikootni tokko tokko waraqaa fudhachuu fii talaallii fudhachuu hayyamamaa ta'uu kee mallattoo maqaa keetiitiin akka mallatteessitu si gaafachuu malu.
- **Qorannoo:** Gaaffilee waa'ee fayyaa muraasa talaallii fudhachuun siif sirrii ta'ufi dhiisuu adda baafachuudhaf gaafatamuu malta.
 - Tallaallii irratti alarjii qabda taanan, talaallii COVID-19 hin fudhatin.
 - Doozii isa lammaffaa kan barbaadu talaallii yoo fudhatte, hanga qorichaa jalqabaa irratti alarjii ulfaataa qabaattanii yoo turee ta'e hanga qorichaa lamaffaa hin fudhatin. Rakkinni alarjii ulfaataan gara kutaa ariifachiisaatti akka deemtu kan si godhu dha.
- **Nageenyumma:** Kilinikootni talaallii nama talaallii siif kennu irraa kan hafe, haguugduu akka kaawwattuu fi faana 6 nama birarraa akka fagaattuttu barbaadama.

Gatii

Talaalliin haala baqattummaa fi inshuraansii utuu hin ilaalin namoota kamiifuu bilisaan kennama. Kilinikiwwan talaallii muraasni kaffaltii deebisaa kaampanii irraa akka argataniif odeeffannoo waa'ee inshuraansii gaafachuu malu. Liqaan sirra hin jiraatu. Inshuraansii yoo hin qabaatinis, talaallii fudhachuu ni dandeessa.

Erga talaallii kee fudhattee booda

Miidhaa cinaa beekkamoo

Namootni erga talaallii fudhatanii booda miidhaa masoo qabaachuu malu. Yeroo tokko tokko miidhaawwan masoo kunniin hojiiwwan kee beekkamoo akka hin hojjanne guyyoota muraasaaf sii ittisuu danda'u.

Miidhaawwan maddeen erga talaalamtee guyyaa tokko ykn lama booda mul'atu, isaanis kanneen armaan gadii ta'uu danda'u:

- | | |
|------------------------------------------------|-----------------------|
| ▪ Dhukkubbii iddoo talaallii itti waraannattee | ▪ Qabbana |
| ▪ Miira dadhabbii | ▪ Hoo'a/leygdaa |
| ▪ mataa bowwuu | ▪ Iita'uu bobaa jalaa |
| ▪ Dhukkubbii busaawwanii fi maashaalee | |

Waa'ee dawa dhukkubbii yookan hoo'a qaamaa fudhachuu doktora kee mariisisi. Miidhaawwan hineegamnekunni guyyoota lama keessatti sirraa baduu qabu. Waan si yaachisu kamiyyuu sitti dhagahamnaan, haakima keetti bilbili.

Bakka waraannatte irra si dhukkuba taanan, uffata miiccamaa, qulqulluu, qabbanaa'aa, jiisii bakkiha irra kaa'i. irree kee sosochoosuun illeen si fayyaduu danda'a. hoo'a/leygdaa qaamaa qabda taanan bishaan gahaa dhugi.

Haakimni kee waa'ee v-safe, appii bilbila ismaartii siif hima. Miidhaa hineegamne kamiyyuu kan si mudachuu danda'u akka hordoftuu fii gabaastu si gargaara. Akkasumas V-safe yeroo marsaa fudhannaa kee isa lammaffaa si yaadachiisa. Odeeffannoo dabalataa waa'ee [V-safe Too'attuu Fayyaa Talaallii Boodaa \(www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/vaccines/safety/vsafe.html\)](https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/vaccines/safety/vsafe.html) irratti ilaali.

Miidhaa hineegamne cimaa

Namootni muraasni miidhaa hineegamne COVID-19 cimaa qabaachuu malu. Waan mudachuu danda'uudha, keessattuu daqiiqaawwan 15 hanga 30 erga talaallii fudhattee booda waanuma mudachuu danda'uudha. Miidhaan masoo waan darbee darbee mudatuu dha garuu tarii waan si mudachuu danda'u adda baafachuudhaf daqiiqaawwan 15 hanga 30 akka turtu gaafatamuu malta. **Erga kilinika talaallii COVID-19 fudhattee booda mallattoo cimaan sirratti mul'ata taanan, 911 bilbili, yookan hospitaala dhiyeenyatti argamu dhaqi.**

Mallatoolen miidhaa hineegamne beekkamoon:

- Hafuura baafachuu dadhabuu
- Fuula fi kokkeen kee iita'uu
- Dhikkisa onne cimaa
- Weeraraa/shifii qaamaa guutuu
- Miira dadhabbii fii martoo

Rakkoolee kantaroo dhiigaa

Talaallii COVID-19 Johnson & Johnson erga fudhattanii booda balaan kantaroo dhiigaan ykn pileetlettiin gadi bu'uun walqabate, kan baay'ee darbee darbee mul'atu garuu hamaa ta'e namoota irratti ni mul'ata. **Balaan kun baay'ee gadi aanaadha.** Namoonni rakkoon kantarii dhiigaa kun isaan mudatu hedduun isaanii dubartoota umuriin isaanii 50 fi isaa gadi ta'edha. Dubartoota umuriin isaanii 50 olii fi dhiirota umurii kam iyyuu irra jiraniif, miidhaan kun daran muraasa. Haalli kun wal'aanamuu ni danda'a. Talaallii COVID-19 Johnson & Johnson erga fudhatanii booda torban sadiif, mallattooleen armaan gadii yoo isin irratti mul'atan dhiyeessaa kunuunsa fayyaa keessanii qunnamaa:

- Hafuura kutaa
- Dhukkubbii laphee
- Miilli dhiita'uu
- Dhukkubbii garaa kan nama irraa hin deemne
- Mataa bowwuu cimaa ykn dhukkubbii mataa namarraa hindeemne
- Ija namaatti dimismisaa'uu
- Bakka talaalaman gararraatti gogaa namaa jalaan xof xof jechuu ykn gurraacha'uu

Myocarditis fi pericarditis

Kan yeroo baayee hin argamne myocarditis (laalachuu maashaa onnee) fi pericarditis (laalachuu sarara onnee karaa alaa) erga talaallii COVID-19 kan Pfizer yookiin Moderna fudhatanii argameera. Yeroo baayee, mallattooleen kan argaman talaallii isa doozii lammataa COVID-19 erga fudhatanii booda ta'ee garuu dafeetu bada. Wantooti haala myocarditis fi pericarditis kun kan argaman dhiirota umuriin 16 fi isaa ol ta'an irratti. **Balaan kun baayee xiqaa dha.** Erga talaallii COVID-19 fudhattanii booda mallattooleen kanaa gadii kan isinitti dhgahaman yoo ta'e dafaatii wal'aansa fayyaa argadhaa:

- Dhukkubbii qomaa
- Afuura kutaa
- Miira dhikkifachuun onnee safisuu, guddisee rukutuu ykn akka baratameen ala dalaguu

Ofii kee fii nama jaalattu nagaa eegi

Hamma fudhannaa (doozii) talaallii keessanii isa xumuraa (abbaa doozii lamaa keessaa isa lammaffaa ykn abbaa doozii tokkootiif isuma tokkoffaa) erga fudhattanii booda, qaamni keessan ittisa guutuu uummachuuf torbee lama itti fudhata. Torbeewwan lamaan kanniin booda, akka guutummaatti talaalamtanitti ilaalamtu. Tatamsa'ina COVID-19 hir'isuuf qajeelafama fayyaa hawaasaa itti fufanii hordofuun barbaachisaadha. Yeroo gorfamutti:



Maaskii uffadhu.



Harka kee dhiqadhu.



Namoota biroo irraa faana 6 fagaadhu.



Yoo dhukkubsatte mana turi.



Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000

625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Bifa biraan gaafachuudhaaf health.communications@state.mn.us qunnamii. (Oromo)